



Sagalee simbirrootaa ganama keessa  
Lyden av fugler om morgenen



LIDA Portugal 

Vilius Aistis Vilimas

Muhammed Berisso

|| 5

 Afan Oromo  / norsk 



**LIDA Stories**

[lidastories.net](https://lidastories.net)


**Sagalee simbirrootaa ganama  
keessa / Lyden av fugler om  
morgenen**

LIDA Portugal 


Vilius Aistis Vilimas

Muhammed Berisso (om), Espen

Stranger-Johannessen (nb)




This work is licensed under a Creative Commons  
[Attribution 4.0 International License](https://creativecommons.org/licenses/by/4.0).  
<https://creativecommons.org/licenses/by/4.0>



Yuuliyaa, abbaan manaasheefi intalli isaanii  
xinnoon Yukireen keessa ganda xinnoo  
tasgabbaa'aa ta'e tokko keessa jiraatu turan.  
Yuuliyaan ganama ganama sagalee  
simbirrootaatiin dammaqfamuu baay'ee jaallatti  
turte. Mana irraa fagaattee akka jiraattu, ykn  
ganama sagalee simbirrootaatiin hin  
dammaqfamu jettee yaaddee hin beektu.

...

Yulia, mannen hennes og den lille datteren  
deres bodde i et lite, rolig tettsted i Ukraina.  
Yulia likte veldig godt å våkne hver morgen til  
lyden av fugler. Hun trodde aldri at hun skulle  
bo langt hjemmefra, eller at hun ikke skulle bli  
vekket av lyden av fugler om morgenen.



Abbaan manaa ishee yeroo hunda qarshii gahaa  
dhabuu isaatiin komachaa waan tureef  
dhugaatii baay'ee dhuguu jalqabe. Carraa isaanii  
Poorchugaalitti yaaluuf murteessan. Tarii achitti  
maallaqa dabalataa argachuun mana ijaaruu fi  
maatii isaaniiif egeree gaarii ta'e ummuu danda'u  
ta'a.

...

Mannen hennes klaget alltid over mangelen på  
penger, og han begynte å drikke mye. De  
bestemte seg for å prøve lykken i Portugal.  
Kanskje de der kunne tjene mer penger til å  
bygge et hus og en bedre framtid for familien.



Yuuliyaan mana ishee haaraa wajjiin haala gaariin kan madaqxe si'a ta'u, qulqulleessituu taatee hojjechuu jalqabde. Maamiltoonni ishee hojii cimaa hojjettee fi ilaalcha safuu isheen qabdu baay'ee dinqisiifataniiru. Abbaan manaa ishii garuu caalaatti akka boodatti hafe itti dhaga'ame. Rakkoo dhugaatii dhuguu isaatiin kan ka'e hojjechiistonni isa hin amanan, hojiis hin kennaniif turan.


...

Yulia tilpasset seg det nye hjemmet godt, og hun begynte å jobbe som hjemmehjelp. Kundene hennes satte virkelig pris på arbeidet hennes og den høflige innstillingen hennes. Mannen hennes, derimot, følte seg stadig mer oversett. På grunn av alkoholproblemet hans stolte ikke arbeidsgivere nok på ham til å gi ham arbeid.

Guyaa tokko Yuuliyaa'tti iyyuu jalqabe. Sana booda, ishee dhiibuu jalqabe. Keessumaa yeroo inni machaau wacaati reebichi itti hammaate. Yuuliyaan ofiisheefi intalashheetiif sodaatte, garuu maal gochuu akka dandeesuu yaada hin qabdu turte.

...


En dag begynte han å kjefte på Yulia. Senere begynte han å dytte henne. Volden økte med skriking og slag, særlig når han var full. Yulia var redd for seg selv og for datteren sin, men hun visste ikke hva hun skulle gjøre.




Yuuliyaan gara mana qubannaa dubartootaa deemtee, achitti yeroo dheeraa booda nageenyi ishee itti dhag'ame. Ganama sagalee simbirrootaatiin erga dammaqaa turtee as akkasitti hin dhagahamne ture.

...

Yulia dro til et krisesenter, hvor hun følte seg tryggere enn hun hadde gjort på lenge. Hun hadde ikke følt seg sånn siden hun ble vekket av lyden av fugler om morgenen.





Yuuliyaan dhuma irratti harki ishee cabee gara kutaa balaa tasaa hospitaalichaa deemte, Poorchugaal keessatti jeequmsi maatii rakkoo guddaa akka ta'e itti himan. Akkasumas yakka waan ta'eef poolisiitti gabaasuu qabda jedhan.

...

Da Yulia omsider måtte dra til legevakten på sykehuset med brukket arm, fortalte de henne at partnervold var et stort problem i Portugal. De sa også at det var ulovlig, og at hun burde anmelde det til politiet.



Yuuliyaan waan dadhabdeef, intallishee xinnoo mana guyyaa guyyaadhaan jeequmsi itti raawwatamu keessatti akka guddattu hin barbaaddu turte. Yuuliyaan mallattoon miidhaa bifa adda addaa hedduu qabaatus yeroo hundumaa akka ture hubatte.

...

Yulia var utslitt og ville ikke at den lille datteren hennes skulle vokse opp i et hjem hvor hun var vitne til vold daglig. Yulia innså at tegnene på mishandling hadde vært der hele tiden, selv om de så veldig forskjellige ut.